# Pirojektii Daandii 15th Ave S Foyyeessuu

## HOJIIN DAANDIIWWANIIFI KARAAWWAN MIILLAA DHIYOOTTI JALQABA

Bona kana, warreen karaa dalagan naannoo keessanitti dalagaan itti hedummaatuuf deema waan Pirojektii Daandii 15th Ave S Foyyeessaniif. Hojii kana hanga danda'ametti saffisaan, sagalee jeequ maleefi nageenyaan xumuruudhaaf gareewwan waan danda'an mara ni taasisu. Gabateen yeroo ijaarsa jijjiiramuu kan danda'udha; waan haaraa jiraachu malaniif marsariitii pirojektichaa daawwadhaa: seattle.gov/transportation/15th-Ave-S-AAC.

Bakkawwan ijaarsaa kunneen maappiirratti/anaarratti kan agarsiifaman yoo ta'u isaanis:

**Birraa Kana:** Dalagaan balfaa dhangala'aa akka yaa'u gochuu, karaan miilaa namootaaf qophaa'e fii qarqara karaa fooyyessuun, akkasumas qarqara daandi bakka Kibbi Karaa Spokeen Kibba Kolombiiyaan Wayi/Columbian Way/ tii dabalamutti suphaan daandii ni godhama.

**WALAKKEESSA WAXABAJJIIRRAA JALQABUUN:** Hojii toora/balfa/dhangala'aa maqsu, karaa miilaa cinaafi dangaa/qarqara karaa foyyeessuu, akkasumas toora S Spokane St iratti aanu suphuu

Lixa irraa jalqabuudhaan, gareewwan kunneen bakka walgeettiiwwan 16th Ave S, 17th Ave S, Alamo Pl S, fi 18th Ave S irratti ni xiyyeeffatu.

**HANGA DANDA'AMETTI DHUMA WAXABAJJII:** aspaaltii toora S Ispookiin St irra jiru caccabsuu

Hojiin kun, waggaa kana gara dhumaa aspaaltii galchuuf daandii qophii taasisuu, yoo xiqqaate torban tokkoof sa'aatii halkanii kan gaggeeffamu ta'a.

**DUMA SAAMARII KANA JALQABEE:** S Ispookiin St fi Bikoon Ave S irratti hojii diiguu, hojii konkiriitiifi karaa ittiin lolaa hamaa maqsan gudisuu

Yaa'a tiraafikaa irratti dhiibbaa jiraachu malu hir'isuudhaaf, hojiin gariin halkaniifi dhume-torbeerrra hojjetamuu qabu.




### YEROO IJAARSAA WAAN EEGAMUU MALU

Hojiin yeroo halkaniifi dhum-torbeerra kan barbaachisu ta'ulleen, saatiiwwan hojii baramaa Wixataa hanga jimaataatti sa'aatii 6 AM hanga 6 PMtti. Dhiibbaawwan ijaarsaa kan hammatu:

- Karaawwan maddii irratti yeroodhaaf daandiin cufachuu, karaan gara S Ispokaanee St geessu aangeffamuu
- Bakka walgeettiiwwan gurguddootti dhum-torbeerra cufamuu
- Sagalee jeequufi kirkira (yeroo tokko tokko, hojiin hanga daangeffama sagalee barameeru ol darbee akka hojjetamu dandeesisuuf Magaalaan Siyaatil Sagaleen Jeequmsaa Yeroodhaaf Jijjiiramuu hayyamuu danda'a)
- Awwaaraafi caccabaawwan
- Cufachuu daandii-qaxxaamuraafi karaa miilaa cinaa, akkasumas maqawwan namoota miillaan deemaniifi bishikileetii oofaniif
- Toorrri cufachuufi maqawwan konkolaachistootaaf
- Dhiibbaawwan bakka hojiifi konkolaataa dhaabbatanhojiitti dhiyoo jiranitti
- Bakka awutoobusiin dhaabbata walitti makuu ykn yeroodhaaf cufamuu
- Daandiin keessoo cufachuu (jiraattonni dursanii akka beekan taasifamu)

### HAALA WALIIGALA PIROJETII

15th Ave S kun S Ispokaan St fi S Anjeliin St gidduutti namoota gara Biikoon Hiilitti deemaniifi achiindarbaniif karaa walqunnamsiisu barbaachisaadha. Namni kamiyyu gara bakka barbaadanii nagaafi haala mijataa ta'een akka qaqqabaniif, SDOT fedhii fayyadamtoota hundaa bifa maaaluun koroodorii kana keessatti hojii foyyeessuu hojjechaa jira.

### NURRAA ADDA HIN CITIINAA

Waa'ee cufachuu, maqawwaniifi sochiiwwan hojii ilaalchisuun odeeffannoo yeroo yerootti argachuudhaaf malli filatamaan marsariitii keenya daawwachuufi ergaa iimeeliifi barreeffamaan isiniif dhufuuf ammoo galmaa'uudha:

Odeeffannoon hiikkameeru marsariiti keenyarra ni jira.

*Have more questions? Interested in receiving project updates?*

**VISIT:** seattle.gov/transportation/15th-Ave-S-AAC

**EMAIL:** 15thAveAAC@seattle.gov **PHONE:** (206) 775-8719

Seattle Department of Transportation

The Levy to MOVE SEATTLE